# Jedhi: Rabbii tokkicha hiriyaa hin qabne malee haqaan gabbaramaan hin jiru, Rabbiin Guddate, galanni baay'een Rabbiif haa ta'u, Rabbiin Aalamaa waan Isaaf hin malle irraa qulqullaaye, humnis mallis Rabbii injifataa, ogeessa ta’een malee hin jiru?

Sa'ad irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaalatu- ni jedhe: Namni wahii baadiyyaa irraa gara Ergamaa Rabbiitti dhufee, -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedheen: jecha wahii kanin isa jedhu na barsiisaa, Isaanis ni jedhani: «Jedhi: Rabbii tokkicha hiriyaa hin qabne malee haqaan gabbaramaan hin jiru, Rabbiin Guddate, galanni baay'een Rabbiif haa ta'u, Rabbiin Aalamaa waan Isaaf hin malle irraa qulqullaaye, humnis mallis Rabbii injifataa, ogeessa ta’een malee hin jiru?" Namichi ni jedhe: "Kuni Rabbii kiyyaafi, anaaf hoo" jechuun gaafate, isaanis akkas jedhaniin: " Jedhi: Yaa Rabbi, dhiifama naaf godhi, naafis rahmata godhi, na qajeelchi, rizqii naaf kenni".
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Namichi warra baadiyyaa irraa ta'e wahii zikrii isa jedhu akka isa barsiisaniif Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- ni gaafate, Rasuullis nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu akkana jedhaniin: Jedhi: “Laa ilaaha illallaahu wahdahu laa shariika lah” tokkichummaa Rabbii ragaa bahuun eegale, hiikni ishees inni haqaan gabbaramu Rabbii tokkicha malee hin jiru jechuudha, "Allaahu akbar kabiiraa" Jechuunis: Rabbiin waan hundumaa irra guddaadha, caalaadha jechuudha. "Wal Hamdu lillaahi kasiiraa” Jechuunis: faaruun baa'een kan Rabbiiti, sifowwan, hojiilee fi qananiiwwan Isaa tan lakkoofsa hin qabne irratti, "Subhaanallaahi Rabbil aalamiin" Jechuunis: Rabbiin hirdhinaa fi waan Isaan hin malle hunda irraa qulqullaa'e jechuudha, "Laa howla walaa quwwata illaa Billaahil aziizil hakiim" Jchuunis: gargaarsa Rabbiiti fi towfiiqa Isaatin malee haala tokko irraa gara haala biraatti jijjiiramni hin jiru jechuudha. Namichis akkana jedhe: Jechoonni kun Rabbii kiyya akka Isa yaadachuu fi ulfina isaaf kennuufi, ofii kootiif hoo maal kadhadha? Rasuullis, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu akkana jedhaniin: Jedhi: "Yaa Rabbi dhiifama naaf godhi". Badiiwwan haqee ishee dhoksuun, "Rahmata naaf godhi" Faayidaa fi dantaa amantii fi addunyaa naaf argamsiisuun, "Na qajeelchi" Haala gaarii fi karaa qajeelaa ta’eetti, "Na razaqi" Qabeenya halaala ta'e, fayyaa, kheyrii hundaa fi nagaa ta'uu.

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY

لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC
E-Da'wah Committee